Waggaa 29 ffaa..... Lak. .........3/2013
፳፱ኛ ዓመት........ቁጥር..........፫/፪ሺ፲፫
29th year ........... No. .............3/2020

Finfinnee,........Guraandhala 11 Bara 2012
ፊንፊኔ፣................የካቲት ፲፩ ቀን ፪ሺ፲፪ ዓ.ም
Finfine,.........................February 19, 2020

# MAGALATA OROMIYAA
# L µ E p ‰ Z M¦
# MEGELETA OROMIA

| | | |
|---|---|---|
| Gatiin Tokkoo .............. Qarshii 10.40<br>የአ¿«è ”¶ ....................... ብር 10.40<br>Unit Price .......................... Birr 10.40 | To'annoo Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Kan Bahe<br>I‰ZM¦ ብሔራዊ ŒGF” L¿·Rr<br>በጨፌ ኦሮሚያ °mf}r £'» | Lak. S. Poostaa ......... 21383-1000<br>£Þ.Q.e¼Y ...............21383-1000<br>P.O.Box ....................... 21383-1000 |


QABIYYEE

**Labsii Lak. 222/2012**


Labsii Sirna Qophii Wixinee Seeraa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe, Lak. 222/2012 .........Fuula 1


ማውጫ

**አዋጅ ቁጥር 222/2012**


የኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት የህግ ረቂቅ ዝግጅት ሥርዓትን ለመወሰን የወጣ አዋጅ ቁጥር 222/2012 ...............................ገጽ 1


CONTENT

**Proclamation No. 222/2020**


Proclamation to Determine Oromia Regional State Legal Drafting Procedure, No. 222/2020 .....................Page 1


## Labsii Sirna Qophii Wixinee Seeraa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe, Lak. 222/2012

Naannoo keenya keessatti mirgoonni namoomaa akka kabajaman, imaammanni siyaas- diinagdee fi hawaasummaa mootummaan baasu hojiirra akka oolan, sirni dimokiraasii akka dagaagu, misoomni akka dhufuu fi nagaafi tasgabbiin hawaasaa fulla'aan akka jiraatu gochuuf seeronni qulqullina qabaniifi raawwatamuu danda'an jiraachuun murteessaa waan ta'eef;

Seeronni wixineeffaman qulqullina, iftoomina, fudhatamummaa fi raawwatamummaa kan qabanii fi bifa walfakkaatuun akka hojjetaman gochuun rakkooleen hojii qophii wixinee seeraa keessatti mul'achaa turan bu'uura irraa akka furaman taasisuuf sirna dandeessisu diriirsuun uwwisa seeraa akka argatu taasisuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

## የኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት የህግ ረቂቅ ዝግጅት ሥርዓትን ለመወሰን የወጣ አዋጅ ቁጥር 222/2012

በክልላችን ውስጥ ሰብዓዊ መብቶች እንዲከበሩ፤ መንግስት የሚያወጣቸው ፖለቲካዊ፣ ኢኮኖሚያዊና ማህበራዊ ፖሊሲ በተግባር ላይ እንዲውሉ፤ የዲሞክራሲ ሥርዓት እንዲዳብር፤ ልማት እንዲመጣ እና የህብረተሰቡ ዘላቂ ሰላምና መረጋጋት እንዲኖር ለማድረግ ጥራት ያላቸውና ሊፈጸሙ የሚችሉ ህጎች መኖር ወሳኝ ስለ ሆነ፤

የሚረቀቁ ህጎች ጥራት፣ግልፅነት፣ተቀባይነትና ተፈፃሚነት ያላቸው እንዲሆኑ እና ወጥነት ባለው መልኩ እንዲሰሩ በማድረግ በህግ ረቂቅ ዝግጅት ሥራ ላይ ይስተዋሉ የነበሩትን ችግሮች ከመሰረቱ ለመፍታት የሚያስችል ሥርዓት በመዘርጋት የህግ ማዕቀፍ እንዲኖረው ማድረግ አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤

## Proclamation to Determine Oromia Regional State Legal Drafting Procedure, No. 222/2020

Whereas, it is indispensable to have quality and enforceable laws to make the human rights be respected, the political, economic and social policies of the government be implemented, democratic system be advanced, development attained and sustainable peace and stability of the society be ensured in our region;

Whereas, it is found necessary to establish a system that avoids problems prevailing in legal drafting works fundamentally by making laws drafted to have a quality, transparency, acceptability, enforceability and prepared uniformly and provide legal framework;

Aangoofi hojiifi itti gaafatamummaa Manneen Hojii Mootummaa Qorannoo Hojiirra Oolmaa Imaammattootaa fi Tarsiimotaa gaggeessuun Seeronni akka barbaachisan yaadota burqisiisuu fi hojii qophii wixinee seeraa keessatti qooda fudhatanii karaa iftoomina qabuun tarreessuun hojichi haala bu'aa qabeessa ta'een akka hojjetamu gochuun waan barbaachiseef;

Akkaataa Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee Bahe, Labsii Lakkoofsa 46/1994, Keewwata 49(3)(a) tiin Labsiin kanatti aanu labsamee jira.

## Kutaa Tokko
## Tumaalee Waliigalaa

1. Mata duree Gabaabaa
Labsiin kun"Labsii Sirna Qophii Wixinee Seeraa Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Lakkoofsa 222/2012" jedhamee waamamuuni danda'a.

**2. Hiika**

Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, Labsii kana keessatti:

1) "Barreeffama Ibsa Wixinee" jechuun barreeffama gabaabaa yaadamoota qabiyyeewwan Wixinicha keessatti tumamanii fi wixineessaa Wixinichaa kan ibsu jechuudha.
2) "Caffee" jechuun bu'uura Heera Mootummaa Naannichaa Keewwata 46 (1) tiin kan hundeeffameefi qaama seera baasaafi abbaa aangoo olaanaa naannichaa jechuudha
3) "Mana Hojii Abbaa Alangaa" jechuun Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa jechuudha.
4) "Qaama Mootummaa yookiin Mana Hojii" jechuun Qaama Mootummaa yookiin Mana Hojii Mootummaa Naannichaa aangoo seera burqisiisuu qabu jechuudha.
5) "Mana Maree" jechuun Mana Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa jechuudha.

በፖሊሲዎችና ስትራቴጂዎች አፈፃፀም ላይ ጥናት በማካሄድ ህጎች እንደሚያስፈልጉ ሀሳብ የሚያመነጩና በህግ ረቂቅ ሥራ ላይ የሚሳተፉ የመንግስት መስሪያ ቤቶች ሥልጣን፣ ተግባርና ሃላፊነት ግልፅ በሆነ መንገድ በመዘርዘር ሥራው ውጤታማ በሆነ መልኩ እንዲሰራ ማድረግ በማስፈለጉ፤

ተሻሽሎ በወጣው የኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት ህገ-መንግስት አዋጅ ቁጥር 46/1994 አንቀጽ 49(3)(ሀ) መሠረት የሚከተለው አዋጅ ታውጇል፡፡

## ክፍል አንድ
## ጠቅላላ ድንጋጌዎች

**1. አጭር ርዕስ**

ይህ አዋጅ "የኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት የህግ ረቂቅ ዝግጅት ሥርዓት አዋጅ ቁጥር 222/2012" ተብሎ ሊጠቀስ ይችላል፡፡

**2. ትርጓሜ**

የቃሉ አገባብ ሌላ ትርጉም የሚያሰጠው ካልሆነ በስተቀር በዚህ አዋጅ ውስጥ፡-

1) "ሀተታ ዘምክንያት" ማለት በአዋጁ ይዘቶች ውስጥ የተደነገጉትን እና የአዋጁን አርቃቂ አስተሳሰቦች የሚገልፅ አጭር ጽሑፍ ነው፡፡
2) "ጨፌ" ማለት በክልሉ ህገ-መንግሥት አንቀጽ 46 (1) መሠረት የተቋቋመ የክልሉ ህግ-አውጪ እና ከፍተኛው የስልጣን ባለቤት የሆነ አካል ማለት ነው፡፡
3) "ዓቃቤ ሕግ መሥሪያ ቤት" ማለት የኦሮሚያ ጠቅላይ ዓቃቤ ሕግ መሥሪያ ቤት ማለት ነው፡፡
4) "የመንግሥት አካል ወይም መሥሪያ ቤት" ማለት ህግ የማመንጨት ስልጣን ያለው የክልሉ የመንግሥት አካል ወይም መሥሪያ ቤት ማለት ነው፡፡
5) "ምክር ቤት" ማለት የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት መስተዳድር ምክር ቤት ማለት ነው::

Whereas, it has become essential to clearly stipulate the power, duties and responsibilities of the government offices that initiate the law and participate in legal drafting activities by conducting policies and strategies implementation study and make such activity to be performed effectively;

Now, Therefore, in accordance with Article 49 (3) (a) of Oromia Regional State Revised Constitution, Proclamation No. 46/2001, it is hereby proclaimed as follows:

## Part One
## General Provisions

**1. Short Title**

This proclamation may be cited as "Oromia Regional State Legal Drafting Procedure Proclamation No. 222/2020."

**2. Definitions**

Unless the context requires otherwise, in this Proclamation:

1) "Drafting Explanatory Note" means a short note describing the rationales of the contents provided in the proclamation and the drafter of such proclamation.
2) "Caffee" means the legislative and the highest organ of the Region, established in accordance with Article 46 Sub-Article 1 of the Constitution of the region.
3) "Office of Attorney" means Office of Oromia Attorney General.
4) "Government Body or Office"means government body or government office of the region having the power to initiate law.
5) "Council" means Oromia Regional State Administrative Council.

6) "Naannoo" jechuun Naannoo Oromiyaa jechuudha.
7) "Nama" jechuun nama uumamaa yookiin qaama mirgi namummaa seeraan kennameef jechuudha.
8) "Wixinee Seeraa" jechuun wixinee Labsii, Dambii fi Qajeelfamaa qaama aangoon kennameefiin qophaa'u jechuudha.
9) "Qajeelfama Qophii Wixinee Seeraa" jechuun Qajeelfama qabiyyeen isaa akkaataa Labsii kana keessatti ibsameen ta'ee, seerri akka wixinaa'uuf barreeffamaan qaama wixinee qopheessuuf kennamu jechuudha.
10) "Qorannoo fi Qo'annoo" jechuun rakkoolee aangoo fi hojii mana hojichaa karaa bu'aa qabeessa ta'een akka hin raawwatamne taasisan erga addaan baheen booda qorannoofi qo'annoo yaada seeraa burqisiisuuf yookiin seera haaraa baasuuf yookiin seera hojiirra jiru fooyyeessuuf gaggeeffamu jechuudha.
11) "Yaada Seeraa Burqisiisuu" jechuun kaayyoo Labsii kanaatiif jecha rakkoo uumame seeraan hiikuuf yookiin qaawwaa seeraa foyya'uu qabu agarsiisuuf yaada qorannoon deegaramee dhiyaatuu dha.
12) "Waajjira" jechuun Waajjira Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaa jechuudha.

**3. Ibsa Koornayaa**

Labsii kana keessatti jechi koornayaa dhiiraatiin ibsame dubartiis ni dabalata.

**4. Daangaa Raawwatiinsaa**

Labsiin kun dhimmootaa fi qaamolee armaan gadii irratti raawwatiinsa ni qabaata:

1) Dhimmoota adeemsa yaada seeraa burqisiisuu irraa hanga seera wixineessuutti jiran;
2) Manneen Hojii yookiin Qaamolee Mootummaa adeemsa yaadni seeraa burqisiisuu seeraan kennameef;
3) Manneen Hojii aangoon seera wixineessuu Labsii kanaan kennameef.

6) "ክልል" ማለት የኦሮሚያ ክልል ማለት ነው::
7) "ሰው" ማለት የተፈጥሮ ሰው ወይም በህግ የሰውነት መብት የተሰጠው አካል ማለት ነው፡፡
8) "የህግ ረቂቅ" ማለት ሥልጣን በተሰጠው አካል የሚዘጋጅ የአዋጅ፣የደንብ እና መመሪያ ረቂቅ ማለት ነው፡፡
9) "የህግ ረቂቅ ዝግጅት መመሪያ" ማለት ይዘቱ በዚህ አዋጅ ውስጥ በተገለጸው መሰረት ሆኖ፤ ህግ እንዲረቀቅ የህግ ረቂቅ ለሚያዘጋጅ አካል በጽሁፍ የሚሰጥ መመሪያ ማለት ነው፡፡
10) "ጥናትና ምርምር" ማለት የመሥሪያ ቤቱን ሥልጣንና ተግባር ውጤታማ በሆነ መንገድ እንዳይፈጸም ያደረጉት ችግሮች ከተለዩ ቦኋላ የህግ ሀሳብ ለማመንጨት ወይም አዲስ ህግ ለማውጣት ወይም ሥራ ላይ ያለ ህግን ለማሻሻል የሚካሄድ ጥናትና ምርምር ማለት ነው፡፡
11) "የህግ ሀሳብ ማመንጨት" ማለት ለዚህ አዋጅ አላማ ሲባል የተፈጠረን ችግር በህግ ለመፍታት ወይም መሻሻል ያለበትን የህግ ክፍተት ለማመላከት በጥናት ተደግፎ የሚቀርብ ሀሳብ ነው፡፡
12) "ጽህፈት ቤት" ማለት በኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት የጨፌ ጽህፈት ቤት ማለት ነው፡፡

**3. የፆታ አገላለፅ**

በዚህ አዋጅ ውስጥ በወንድ ፆታ የተገለፀ ቃል ሴትንም ይጨምራል፡፡

**4. የተፈፃሚነት ወሰን**

ይህ አዋጅ በሚከተሉት ጉዳዮችና አካላት ላይ ተፈፃሚነት ይኖረዋል፡-

1) የህግ ሀሳብ ከማመንጨት ሒደት እስከ ህግ ማርቀቅ ድረስ ባሉ ጉዳዮች፤
2) የህግ ሀሳብ የማመንጨት ሂደት በህግ በተሰጣቸው መሥሪያ ቤቶች ወይም የመንግሥት አካላት፤
3) በዚህ አዋጅ ህግ የማርቀቅ ስልጣን በተሰጣቸው መሥሪያ ቤቶች፡፡

6) "Region" means Oromia Region.
7) "Person" means natural or juridical person.
8) "Legal Draft" means draft of proclamation, regulation and directives prepared by a body mandated with such power.
9) "Legal Drafting Instruction" means an instruction that its content is as stated in this proclamation and provided in writing to the legal drafting body for the law to be drafted.
10) "Research and Studies" means a research and study conducted to initiate law, to enact new law, or to amend the existing law after identifying the problems that hinder the effective implementation of the power and duties of the office.
11) "Initiation of Law" means for the purpose of this proclamation, an idea provided and supported by research to resolve problem occurred through law or to indicate legal gap to be amended.
12) "Office" means the Secretariat of Caffee Regional State of Oromia.

**3. Gender Reference**

In this proclamation, any term expressed in masculine gender includes the feminine gender.

**4. Scope of Application**

This proclamation shall be applicable to the following issues and organs:

1) Issues from initiating the law to drafting the law;
2) Offices or government organs legally authorized to initiate laws;
3) Offices empowered to draft the law by this proclamation.

## Kutaa Lama
### Adeemsa Yaada Seera Burqisiisuu, Wixineessuu fi Qabiyyee Qajeelfama Qophii Wixinee Seeraa

**5. Adeemsa Yaada Seera Burqisiisuu**

Manni Hojii yookiin Qaamni Mootummaa aangoon yaada seeraa burqisiisuu kennameef kamiiyyuu:

1) Qorannoo yookiin qaawwa xiinxala raawwii hojii irratti gaggeeffameen rakkoon uumame haguuggii seeraatiin furmaata kan argatu ta'uu isaa mirkaneessuu;
2) Yaada barbaachisummaa seeraa burqee fi qajeelfama qophii wixinee seeraa qopheessuun qaama seera akka wixineessuuf aangoon kennameefitti dhiyeessuu qaba.

**6. Adeemsa Seera Wixineessuu**

Seerri yammuu wixinaa'u adeemsaalee armaan gadii hordofuun kan raawwatamu ta'a:

1) Wixineessaan Labsii kana Keewwata 5 jalatti tumaalee adeemsa yaada seera burqisiisuu ilaalchisee tumaman guutamanii dhiyaachuu isaanii mirkaneeffachuu qaba.
2) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tumame akkuma eegametti ta'ee, wixineessaan haalawwaan armaan gadii guutamanii dhiyaachuu isaanii mirkanneeffachuu qaba:
(a) Qorannoo dhiyaate xiinxaluun ulaagaalee guutee dhiyaachuu isaa mirkanneeffachuu;
(b) Qabiyeen qajeelfama qophii wixinee seeraa guutummaa qabaachuu isaa mirkaneessuu.

**7. Qabiyyee Qajeelfama Qophii Wixinee Seeraa**

Qajeelfamni qophii wixinee seeraa kan qophaa'u barreeffamaan ta'ee, qabxiilee armaan gadii hammachuu qaba:

1) Kaayyoo bu'uuraa seera wixinaa'uu qabuu ifaa fi haala guutuu ta'een ibsuu;

## ክፍል ሁለት
### የህግ ሀሳብ የማመንጨት ሂደት፤ ህግ ማርቀቅ እና የህግ ረቂቅ አዘገጃጀት መመሪያ ይዘት

**5. የህግ ሀሳብ ማመንጨት ሒደት**

የህግ ሀሳብ የማመንጨት ሥልጣን የተሰጠው ማንኛውም መሥሪያ ቤት ወይም የመንግሥት አካል፡-

1) በጥናት ወይም በህግ አፈፃፀም ክፍተቶች ላይ በተደረገ ግምገማ የተፈጠረ ችግር በህግ ማዕቀፍ መፍትሄ የሚያገኝ መሆኑን ማረጋገጥ፤
2) የመነጨው የህግ አስፈላጊነት ሃሳብ እና የህግ ረቂቅ አዘገጃጀት መመሪያ በማዘጋጀት ህግ ለማርቀቅ ስልጣን ለተሰጠው አካል ማቅረብ አለበት፡፡

**6. ሕግ የማርቀቅ ሂደት**

ህግ ሲረቀቅ የሚከተሉትን ሂደቶች በመከተል የሚከናወን ይሆናል፡-

1) አርቃቂው በዚህ አዋጅ አንቀፅ 5 ሥር የህግ ሀሳብ የማመንጨት ሂደትን አስመልክቶ የተደነገጉት ድንጋጌዎች ተሟልተው መቅረባቸውን ማረጋገጥ አለበት፤
2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ፤ አርቃቂው የሚከተሉት ሁኔታዎች ተሟልተው መቅረባቸውን ማረጋገጥ አለበት፡-
(ሀ) የቀረበውን ጥናት በመገምገም መስፈርቶቹን አሟልቶ የቀረበ መሆኑን ማረጋገጥ፤
(ለ) የህግ ረቂቅ አዘገጃጀት መመሪያ ይዘትን በተሟላ ሁኔታ የያዘ መሆኑን ማረጋገጥ፡፡

**7. የህግ ረቂቅ ዝግጅት መመሪያ ይዘት**

የህግ ረቂቅ ዝግጅት መመሪያ የሚዘጋጀው በፅሁፍ ሆኖ፣ የሚከተሉትን ነጥቦች መያዝ አለበት፡-

1) መረቀቅ ያለበትን ህግ መሰረታዊ ዓላማ በግልጽና በተሟላ ሁኔታ መግለፅ፤

## Part Two
### Law Initiation Process, Drafting and Contents of Drafting Instruction

**5. Law Initiation Process**

Any office or government organ empowered to initiate the law shall:

1) Ensure whether the problem identified by research or the gap indicated through analysis conducted on work performance is resolved through legal framework;
2) Prepare opinion about the significance of the initiated law and drafting instruction and submit same to the body empowered to draft law.

**6. Legal Drafting Process**

Drafting the law shall be performed pursuing the following processes:

1) The drafter shall ensure that the law initiation process provisions stipulated under article 5 of this proclamation is fulfilled;
2) Without prejudice to the provision under sub article 1 of this article, the drafter shall also ensure the fulfillment of the following conditions:
(a) Analyze and ensure that the research submitted fulfills the criteria;
(b) Ascertain that the content of the drafting instruction is full.

**7. Contents of Drafting Instruction**

The drafting instruction shall be prepared in writing and contains the following points:

1) State the basic purpose of the law to be drafted precisely and adequately;

2) Seerichi akkamitti hojiirra akka ooluu fi qaama hojiirra oolchu agarsiisuu;
3) Dhiibbaa seerichi aangoo fi hojii manneen hojii biroo irratti qabu ibsuu;
4) Seerri wixinaa'uu qabu dhiibbaa inni hojii mana hojii mootummaa biraa irratti geessisu yoo jiraate mana hojichaa mariisisuu isaa agarsiisuu;
5) Odeeffannoowwan duuba seerichaa kanneen akka rakkoo qabatamaa seerichi furuuf bahuu, kallattii furmaataa fi seerichi yammuu bahe faayidaa hawaasaaf qabu ibsuu;
6) Seerotni duraan turan akka fooyya'aniif yookiin seerri haaraan akka bahuuf yookiin qaawwa seerota hojiirra jiranii guutuuf ta'uu isaa agarsiisuu;
7) Seericha baasuun imaammata mootummaa hojiirra ooluu danda'u ibsuu;
8) Akkaataa barbaachisummaa isaatti sababa wixinichi dursa wixineeffamuu qabuuf ibsuu;
9) Wixineen seera haaraa qophaa'uuf jedhu yookiin kan duraan ture fooyyessuuf jedhu kun seerota hojiirra jiran haqsiisuu yookiin fooyyessuu kan danda'u yoo ta'e dhiibbaa fiduu danda'u agarsiisuu;
10) Labsiin duraan jiru kan fooyya'u yookiin haqamu yoo ta'e, Dambii fi Qajeelfamoonni bu'uura Labsichaatiin bahanii fi qaamoleen bu'uura Labsii yookiin Dambii fooyya'u yookiin haqamuuf jedhuun hundaa'an maal ta'uu akka qaban ibsuu;
11) Aangoo fi hojii mana hojii wixinichi qophaa'uufii ibsuu;
12) Wixineen seerichaa ragga'u yeroon hojiirra itti oolu haala baratameen alatti gara fuulduraatti yoo ta'e ibsamuu;

2) ህጉ እንዴት ስራ ላይ እንደሚውልና ስራ ላይ የሚያውለውን አካል ማሳየት፤
3) ህጉ በሌሎች መሥሪያ ቤቶች ስልጣንና ተግባር ላይ ያለውን ተጽዕኖ መግለፅ፤
4) የሚረቀው ህግ በሌላ የመንግሥት መሥሪያ ቤት ተግባር ላይ የሚያስከትለው ተጽዕኖ ካለ መሥሪያ ቤቱን ያወያየ መሆኑን ማሳየት፤
5) የህጉን የኋላ መረጃዎች የሚወጣው ህግ ሊፈታው የሚሄደው ተጨባጭ ችግር፤ የመፍትሄ አቅጣጫ እና ህጉ ሲወጣ ለማህበረሰቡ ያለውን ጥቅም መግለጽ፤
6) በስራ ላይ ያሉ ህጎች እንዲሻሻሉ ወይም አዲስ ህግ እንዲወጣ ወይም በስራ ላይ ያሉ ህጎችን ክፍተት ለመሙላት መሆኑን ማሳየት፤
7) ህጉን በማውጣት ሥራ ላይ ሊውል ስለሚችለው የመንግሥት ፖሊሲ መግለፅ፤
8) እንደ አስፈላጊነቱ ረቂቁ በቅድሚያ መረቀቅ ስለሚኖርበት ምክንያት መግለፅ፤
9) አዲስ የሚዘጋጀው ወይም በስራ ላይ ያለውን የሚያሻሽለው ረቂቅ ህግ በስራ ላይ ያሉትን ህጎች የሚያስሽር ወይም ማሻሻል የሚችል ከሆነ ሊያመጣ የሚችለውን ተጸዕኖ ማሳየት፤
10) በስራ ላይ ያለው አዋጅ የሚሻሻል ወይም የሚሻር ከሆነ በአዋጁ መሰረት የወጡ ደንብና መመሪያዎች እና በሚሻሻለው ወይም በሚሻረው አዋጅ ወይም ደንብ መሰረት የተቋቋሙ አካላት ምን መሆን እንዳለባቸው መግለፅ፤
11) ረቂቁ የሚዘጋጅለትን መሥሪያ ቤት ስልጣንና ተግባር መግለፅ፤
12) የሚጸድቀው የህግ ረቂቅ ስራ ላይ የሚውልበት ጊዜ ከተለመደው በተለየ ሁኔታ ወደፊት ከሆነ መገለጽ፤

2) Indicate how the law is to be implemented and the body implementing it;
3) Describe the impact of such law on the power and duties of other offices;
4) If the law to be drafted may have an impact on another government office, indicate the discussion held with such office;
5) Provide background information of the law to be drafted like the actual problem that such law is enacted to solve, the way forward and the benefit it has for the society if enacted;
6) Indicate whether it is for amendment of the existing laws or for enactment of new law or to fill gaps of the laws in force;
7) Indicate government policy to be implemented by enacting the law;
8) State the reason for giving priority in preparation of such draft as may deem necessary;
9) Indicate the impact of the law to be drafted or amended on the existing law if it may result in repealing or amending of the laws in force;
10) If the existing proclamation is amended or repealed, recommend fate of the regulation and directives enacted on the basis of such proclamation and the organs established in accordance with the proclamation or regulation to be amended or repealed;
11) State the power and duties of the office for which the draft is prepared;
12) If the draft law to be approved is unconventionally intended to come in to force in the future, such fact shall be stated;

13) Seera haaraa bahuun yookiin fooyya'uun dirqamni yookiin dhimmi gara qaama seera haaraa kanaan hundeeffamutti darbu yookiin akkuma duraan turetti akka itti fufu barbaadamu yoo jiraate ifa gochuu; fi
14) Daangaa, iddoo, dhimma yookiin qaama seerichi raawwatiinsa irratti qabaatu ifatti ibsamuu.

**8. Qabiyyee Qorannoo fi Qo'annoo Wixinee Seeraa**

Qabiyyeen qorannoofi qo'annoo wixinee seeraa kanneen armaan gadii of keessaa qabaachuu qaba:

1) Qorannoofi qo'annoo wixinee seeraa imaammata raawwachiisuuf gaggeeffamu:
(a) Haalaa fi daangaa imaammata akka raawwatamu barbaadame ibsuu;
(b) Imaammata seera baasuun akka hojii irra oolu barbaadame wajjiin imaammanni biraa kallattiinis ta'ee al kallattiin hidhata qabu yoo jiraate ibsuu;
(c) Imaammaticha hojii irra oolchuuf filannoowwan jiran ibsuu;
(d) Imaammaticha hojii irra oolchuuf seera baasuun dirqama ta'uu isaa ibsuu;
(e) Imaammaticha hojii irra oolchuuf seerri bahuu qabu Labsii yookiin Dambii yookiin Qajeelfama ta'uu isaa ibsuu qaba.
2) Qorannoo fi qo'annoo wixinee seeraa rakkoo jiru furuuf gaggeeffamu:
(a) Rakkoolee gama uumaama isaaniitiin, daangaa, irra deddeebi'ummaa fi miidhaa isaan hodofsiisaniin sirriitti adda baasuun ibsuu;
(b) Seera baasuun alatti rakkichi kan hin furamne ta'uu ibsuu;
(c) Seerri bahuun isaa bu'a qabeessa, baasii kan xiqqeessuu fi faayidaa dabalataa kan argamsiisu ta'uu ibsuu;

13) አዲስ በሚወጣው ወይም በሚሻሻለው ህግ አዲስ ወደ ሚቋቋመው አካል የሚተላለፍ ወይም ቀድሞ እንደነበረው እንዲቀጥል የሚፈለግ ግዴታ ወይም ጉዳይ ካለ ግልፅ ማድረግ፤ እና
14) ህጉ ተፈጻሚነት የሚኖርበትን ወሰን ፣ሥፍራ፣ ጉዳይ ወይም አካል በግልጽ መገለጽ፡፡

**8. የህግ ረቂቅ ጥናትና ምርምር ይዘት**

የህግ ረቂቅ ጥናትና ምርምር ይዘት የሚከተሉትን ማካተት አለበት፡-

1) ፖሊሲን ለማስፈፀም የሚካሄድ የህግ ረቂቅ ጥናትና ምርምር፡-
(ሀ) እንዲተገበር የተፈለገውን ፖሊሲ ሁኔታና ወሰን መግለጽ፤
(ለ) ህግ በማውጣት እንዲተገበር ከተፈለገው ፖሊሲ ጋር በቀጥታም ሆነ በተዘዋዋሪ ትስስር ያለው ሌላ ፖሊሲ ካለ መግለጽ፤
(ሐ) ፖሊሲውን ሥራ ላይ ለማዋል ያሉትን አማራጮች መግለጽ፤
(መ) ፖሊሲውን ሥራ ላይ ለማዋል ህግ ማውጣት ግዴታ መሆኑን መግለጽ፤
(ሠ) ፖሊሲውን ሥራ ላይ ለማዋል መውጣት ያለበት ህግ አዋጅ ወይም ደንብ ወይም መመሪያ መሆኑን መግለጽ አለበት፡፡
2) ያለን ችግር ለመፍታት የሚደረግ የህግ ረቂቅ ጥናትና ምርምር፡-
(ሀ) ችግሮችን በተፈጥሮአቸው፣ ወሰናቸው፣ በተደጋጋሚነትና በሚያስከትሉት ጉዳት በትክክል በመለየት መግለጽ፤
(ለ) ህግ ከማውጣት ውጪ ችግሩ የማይፈታ መሆኑን መግለጽ፤
(ሐ) ህግ መውጣቱ ውጤታማ፣ ወጪ ቆጣቢ እና ተጨማሪ ጥቅም የሚያስገኝ መሆኑን መግለጽ፤

13) Disclose the fact that if there is obligation or issue to be transferred to the newly established body or required to continue as it was before by the new law to be enacted or amended; and
14) The scope, place, matters or organs on which the law is applicable shall be clearly stated.

**8. Contents of Research and Studies of Legal Drafting**

The contents of legal drafting research and study shall be the following:

1) Legal drafting research and study conducted for implementation of policy shall state:
(a) Explain the situation and scope of the policy needed to be implemented;
(b) Other policy directly or indirectly related with the policy needed to be implemented through enacting law;
(c) Explain the possible options for implementing the policy;
(d) Whether enacting law is a mandatory to implement the policy;
(e) Explain whether the law to be enacted for implementing the policy is proclamation, regulation, or directive.
2) Legal drafting research and study conducted for solving existing problem shall::
(a) Indicate clearly the problems terms of their nature, scope, being redundant and in terms of their adverse effects;
(b) Indicate that the problem cannot be solved except by enacting law;
(c) Indicate that the enactment of the law is efficient, cost effective and it provides additional benefit;

(d) Rakkoon adda bahe sun seera hojii irra jiruun kan hin haguugamne yookiin kan hin furamne ta'uu sirriitti adda baasuufi seera baasuun dirqama ta'uu isaa sababa gahaan ibsuu;
(e) Rakkoo adda bahe furuuf seerri bahuu qabu Labsii yookiin Dambii ta'uu ibsuu qaba.

**9. Qabiyyee Barreeffama Ibsa Wixinee Seeraa**

Qabiyyeen barreeffama ibsa wixinee seeraa kanneen armaan gadii of keessaa qabaachuu qaba:

1) Seensa;
2) Hima rakkoo ifa ta'e, yaada furmaataa seerri wixinaa'e qabatee dhufee fi mala rakkinichi ittiin hiikamu;
3) Seenaa rakkichaa akka waliigalatti ibsuu;
4) Ibsa bal'aa tumaalee gurggudoo wixinee seerichaa.

**Kutaa Sadii**

**Qajeeltoowwan Bu'uuraa, Adeemsa, Sadarkaalee fi Gurmaa'ina Qophii Wixinee Seeraa**

**10. Qajeeltoowwan Bu'uuraa Qophii Wixinee Seeraa**

1) Hundagaleessummaa
(a) Wixineen seeraa qophaa'u nama yookiin dhimma seerichi hogganuuf bahe hunda irratti raawwatiinsa qabaachuu qaba.
(b) Wixineen seeraa qophaa'u iddoo hundattiifi yeroo walfakkaataa ta'etti hojiirra akka oolu ta'ee qophaa'u qaba.
2) Tilmaamawaa Ta'uu

Wixineen seeraa yammuu qophaa'u haala qabatamaa yeroo sana hawaasa keessatti mul'atu, jijjiirama gara fuulduraatti dhufuu danda'uu fi bu'aa fi miidhaa hojii irra oolmaa seerichaatiin gahuu danda'u tilmaama keessa galchuu qaba.

(መ) የተለየው ችግር በስራ ላይ ባለው ህግ የማይሸፈን ወይም የማይፈታ መሆኑን በግልጽ መለየት እና ህግ ማውጣት ግዴታ መሆኑን ከበቂ ምክንያት ጋር መግለጽ፤
(ሠ) የተለየውን ችግር ለመፍታት የሚወጣው ህግ አዋጅ ወይም ደንብ መሆኑን መግለጽ አለበት፡፡

**9. የህግ ረቂቅ ሐተታ ዘምክንያት ይዘት**

የህግ ረቂቅ ሐተታ ዘምክንያት ይዘት የሚከተሉትን በውስጡ መያዝ አለበት፡-

1) መግቢያ፤
2) ግልጽ የሆነ የችግር መግለጫ፣ የተረቀቀው ህግ ይዞ የመጣው የመፍትሄ ሃሳብና ችግሩ የሚፈታበትን ዘዴ፤
3) የችግሩን ታሪክ በጥቅሉ መግለጽ፤
4) የረቂቅ ህጉ ዋና ዋና ድንጋጌዎች ሰፊ መግለጫ፡፡

**ክፍል ሦስት**

**የህግ ረቂቅ ዝግጅት መሰረታዊ መርሆች፣ሂደት፣ ደረጃዎችና አደረጃጀት**

**10. የህግ ረቂቅ ዝግጅት መሰረታዊ መርሆች**

1) ሁሉን-አቀፍነት፡-
(ሀ) የሚዘጋጀው የህግ ረቂቅ ህጉ ለማስተዳደር የወጣው ሰው ወይም ጉዳይ በሙሉ ላይ ተፈጻሚነት ሊኖረው ይገባል፤
(ለ) የሚዘጋጀው የህግ ረቂቅ በሁሉም ቦታና በተመሳሳይ ጊዜ ስራ ላይ እንዲውል ተደርጎ መዘጋጀት አለበት፡፡
2) ተገማች መሆን

የህግ ረቂቅ ሲዘጋጅ በወቅቱ በማህበረሰቡ ውስጥ የሚስተዋለውን ተጨባጭ ሁኔታ፣ ወደፊት ሊመጣ የሚችለውን ለውጥ እና ህጉ በስራ ላይ መዋል የተነሳ ሊመጣ የሚችለውን ውጤትና ጉዳት ከግምት ውስጥ ማስገባት አለበት፡፡

(d) Identify precisely that the identified problem is not covered or solved by the law in force and explain with adequate reason that enacting the law is mandatory;
(e) Indicate the law to be enacted to solve the identified problem is a proclamation or regulation.

**9. Contents of Drafting Explanatory Note**

The content of drafting explanatory note shall be the following:

1) Introduction;
2) Brief statement of the problem, the solution that the drafted law has brought about and the mechanism for solving such problem;
3) Explain the story of the problem in general terms;
4) Detail explanation of the main provisions of the draft law.

**Part Three**

**Basic Principles, Process, Stages and Organization of Legal Drafting**

**10. Basic Principles of Legal Drafting**

**1) Inclusiveness**
(a) The draft law to be prepared shall be applicable on all persons or matters that it is enacted to govern;
(b) The draft law shall be prepared in a manner that it shall be uniformly implemented in all places and at the same time.
2) Predictability

The draft law to be prepared shall take into account the actual situation prevailing in the society at that time, the change that is likely to occur in the future and the advantages and disadvantages expected as a result of implementation of the law.

3) Iftoomina Qabaachuu

(a) Wixineen seeraa yammuu qophaa'u qaamoleen dhimmi ilaallatu hundi odeeffannoo gahaa akka qabaatanii fi yaada isaanii wixinicha irratti akka kennan taasifamuu qaba.

(b) Wixineen seeraa qophaa'u qaamolee seera baasan, seera raawwachiisan, seera hiikanii fi seericha irraa kallattiinis ta'e al-kallattiin fayyadamoo ta'aniin salphaatti akka hubatamu ta'ee qophaa'uu qaba.

4) Madaalawaa Ta'uu

Wixineen seeraa qophaa'u faayidaan hawaasaaf argamsiisuu fi dhiibbaan geessisu kan walmadaalu ta'uu qaba.

5) Aadaa, Seenaa fi Dudhaa Naannichaa Kan Dagaagsu Ta'uu

Seerri akka naannichaatti wixinaa'u aadaa, seenaa fi duudhaa ummanni naannichaa sirna Gadaa irraa dhaale hammachuu, nagaan waliin jiraachuu fi jaalala kan gabbisu, sirna dimokiraasii kan dagaagsuu fi naannoo badhaate uumuuf kan dandeessisu ta'uu qaba.

**11. Adeemsa Qophii Wixinee Seeraa**

Wixineen seeraa qophaa'u qajeeltoowwan armaan gadii hordofuun qophaa'uu qaba:

1) Wixineen seeraa haala ifaa fi salphaatti namaaf galuu danda'uun qophaa'uu;
2) Keewwattoonni wixinichaa bifa waldeeggaruun bocamuu;
3) Tumaaleen wixinichaa hanga danda'ameen gaggabaaboo fi salphaatti kan hubataman ta'uu;
4) Dhimma yookiin yaad-rimee tokko ibsuuf jechi ittifayyadamamu guutuu wixinichaa keessatti tokko ta'uu;
5) Wixineen seeraa tokko afaan sadiin kan qophaa'u yoo ta'e, caaseffamni wixinichaa fi hiikni tumaalee afaan hundaatuu kan wal siman ta'uu;

3) ግልጽ መሆን

(ሀ) የህግ ረቂቅ ሲዘጋጅ ጉዳዩ የሚመለከታቸው አካላት በሙሉ በቂ መረጃ እንዲኖራቸውና በረቂቁ ላይ ሀሳባቸውን እንዲሰጡ መደረግ አለበት፤

(ለ) የሚዘጋጀው የህግ ረቂቅ የህግ አውጪ፣ ህግ አስፈጻሚ፣ ህግ ተርጓሚ እና በቀጥታም ሆነ በተዘዋዋሪ ከህጉ ተጠቃሚ የሆኑ አካላት በቀላሉ በሚረዱበት ሁኔታ መዘጋጀት አለበት፡፡

4) ሚዛናዊ መሆን

የሚዘጋጀው የህግ ረቂቅ ለማህበረሰቡ የሚያስገኘው ጥቅምና የሚያደርሰው ተጽዕኖ ተመጣጣኝ መሆን አለበት፡፡

5) የክልሉን ባህል፣ ታሪክና ዕሴት የሚያበለጽግ መሆን

በክልሉ ደረጃ የሚረቀቀው ህግ የክልሉ ህዝብ ከገዳ ሥርዓት የወረሰውን የአቃፊነት፣በሰላም አብሮ የመኖርና የመውደድ ባህል፣ታሪክና ዕሴቶች የሚያጎለብት፣ የዲሞክራሲ ሥርዓትን የሚያዳብር እና የበለጸገች ክልል ለመፍጠር የሚያስችል መሆን አለበት፡፡

**11. የህግ ረቂቅ ዝግጅት ሂደት**

የሚዘጋጀው የህግ ረቂቅ የሚከተሉትን መርሆች በመከተል መዘጋጀት አለበት፡-

1) የህግ ረቂቁ በግልጽና በቀላሉ ለሰው ሊገባ በሚችል ሁኔታ መዘጋጀት፤
2) የረቂቁ አንቀጾች እርስ-በርሳቸው በሚመጋገቡበት ሁኔታ መቀረጽ፤
3) የረቂቁ ድንጋጌዎች በተቻለ መጠን አጫጭርና በቀላሉ መረዳት የሚችሉ መሆን፤
4) አንድ ጉዳይን ወይም ጽንሰ-ሀሳብን ለመግለጽ የምንጠቀምበት ቃል በሙሉ የረቂቁ አካል ውስጥ ወጥነት ያለው መሆን፤
5) አንድ የህግ ረቂቅ በሶስት ቋንቋ የሚዘጋጅ ከሆነ የረቂቁ አደረጃጀትና የሁሉም ቋንቋ ድንጋጌዎች ትርጉም የሚጣጣሙ መሆን፤

3) Transparency

(a) while preparing the draft law, all the concerned bodies shall be given adequate information and shall be enabled to provide their opinion on the draft law;

(b) The legal draft shall be prepared in a way that the legislative, executive, the judiciary and the bodies that directly or indirectly benefit from such law can easily understand it.

4) Proportionality

The benefits and negative impact of the draft law to be prepared has on the society shall be proportional.

5) Develop the Culture, History and Values of the Region

The law drafted at the region shall include the culture, history and values that the people of the region inherited from the Gada system, build up peaceful coexistence and love, develop democratic system and enable to build prosperous region.

**11. Legal Drafting Process**

The law to be drafted shall be prepared by pursuing the principles specified below:

1) The draft law shall be prepared in a clear and easily understandable manner;
2) Articles of the draft law shall be arranged in a way supporting each other;
3) Provisions of the draft shall as much as possible be short and easily understandable;
4) The term used to express one issue or concept shall be uniform throughout the draft;
5) If the legal draft is prepared in three languages, the structure of the draft and the definition of provisions of all languages shall be compatible;

6) Wixineen seeraa madda aangoo qaama seericha baasuu ibsuu qaba.

**12. Sadarkaalee Qophii Wixinee Seeraa**

Qophiin wixinee seeraa sadarkaalee armaan gadii ni qabaata:

1) Fedhii Qaama Seera Burqisiisee Hubachuu
Wixineen seeraa kan qophaa'u qorannoo gaggeeffamee fi qajeelfama wixinee seeraa kenname bu'uura godhachuudhaan fedhii mana hojii yaada seera burqisiisee hubachuudhaan ta'a.

2) Xiinxala Gaggeessuu
Wixineen seeraa yammuu qophaa'u kallattii Heera Mootummaa Federaalaa fi Naannichaa, seerota hojiirra jiran, barbaachisummaa seericha bahuu, hojiirra oolmaa seerichaa, dhiibbaa seerichi diinagdee, hawaasummaa fi haala naannoo irratti qabu waliin xiinxalamuu qaba. Tarreeffamni isaa Maanuwaalii bahuun kan murtaa'u ta'a.

3) Seera Bocuu
Seerri wixinaa'u akkaataa dhimmichaatiin akka barbaachisummaa isaatti walduraa duubaan Boqonnaan, Kutaan, Kutaa Xiqqaan, Keewwataa fi Keewwata Xiqqaadhaan kan bocamu ta'a.

4) Qindeessuu fi Gabbisuu
Seerri wixinaa'u wixineessaan erga qindaa'ee booda qaamolee dhimmichi ilaallatu yookiin hawaasa mariisisuun gabbachuu qaba.

5) Qorachuu fi Madaaluu
Wixineen seeraa erga qophaa'e booda kallattii kaayyoo fi imaammata seerri bahu galmaan gahuu danda'uun wixineeffamuun isaa sakatta'amuu fi madaalamuu qaba.

6) የሚዘጋጀው ረቂቅ ህግ የህጉን አውጪ አካል የስልጣን ምንጭ መግለጽ አለበት፡፡

**12. የህግ ረቂቅ ዝግጅት ደረጃዎች**

የህግ ረቂቅ ዝግጅት የሚከተሉት ደረጃዎች ይኖሩታል፡-

1) የሕግ አመንጪውን አካል ፍላጎት መረዳት
የህግ ረቂቅ የሚዘጋጀው የተካሄደውን ጥናትና የተሰጠውን የህግ ረቂቅ መመሪያ መሰረት በሚደረግ የህግ ረቂቅ ሃሳብ ያመነጨውን መሥሪያ ቤት ፍላጎት በመረዳት ይሆናል፡፡

2) ምርመራ ማካሄድ
የህግ ረቂቅ ሲዘጋጅ ከፌዴራልና ከክልሉ ህገ-መንግስት፣ ስራ ላይ ካሉ ህጎች፣ ከሚወጣው ህግ አስፈላጊነት፣ ከህጉ ስራ ላይ መዋል፣ ህጉ በኢኮኖሚ፣ በማህበራዊና በአካባቢ ሁኔታ ላይ ያለው ተጽዕኖ አንጻር መመርመር አለበት፡፡ አፈፃፀሙ በሚወጣው ማኑዋል የሚወሰን ይሆናል፡፡

3) ህግ መቅረጽ
የሚረቀቀው ህግ እንደ ጉዳዩ ሁኔታ እንደ አስፈላጊነቱ በምዕራፍ፣ በክፍል፣ በንዑስ ክፍል፣ በአንቀጽና በንዑስ አንቀጽ እንደ ቅደም ተከተላቸው የሚቀረጽ ይሆናል፡፡

4) ማቀናጀትና ማዳበር
የሚረቀቀው ህግ በአርቃቂው ከተቀናጀ በኋላ የሚመለከተውን አካል ወይም ህብረተሰቡን በማወያየት መዳበር አለበት፡፡

5) መፈተሽና መመዘን
የህግ ረቂቅ ከተዘጋጀ በኋላ የሚወጣው ህግ የወጣበትን ዓላማና ፖሊሲ ማሳካት ከመቻሉ አንጻር መፈተሽና መመዘን አለበት፡፡

6) The draft law shall mention the legislative body source of power.

**12. Stages of Legal Drafting**

Legal drafting shall have the following stages:

1) Understanding the Interest of Law Initiating Organ
Legal draft shall be prepared by understanding the interest of the law initiating office from the research conducted and the drafting instruction given.

2) Conducting Analysis
